# Nama akkana jedhe: Maqaa Rabbii kan isa waliin dachii irratti ta’ee samii keessatti wanti nama miidhu hin jirreenin tikfama, inni hedduu dhaga'aadha beekasi, yeroo sadii, hanga ganamatti balaan tasaa isa hin mudatu

Abaan bin Usmaan irraa odeeffamee, ni jedhe: Usmaan bin Affaan -Rabbiin irraa haa jaallatu- kan akkana jedhuun dhaga'e: Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- kan akkana jedhanin dhaga’e: «Nama akkana jedhe: Maqaa Rabbii kan isa waliin dachii irratti ta’ee samii keessatti wanti nama miidhu hin jirreenin tikfama, inni hedduu dhaga'aadha beekasi, yeroo sadii, hanga ganamatti balaan tasaa isa hin mudatu, nama ganama yeroo sadii isa jedhe immoo hanga galgala gahutti balaan tasaa isa hin mudatu», ni jedhe: Abaan bin Usmaan faaliji isa qabee, hadiisa isa irraa dhaga'e isa ilaalee jennaan, akkana jedheen: Maaliif na ilaalta? Rabbiin kakadhee ani Usmaan irratti hin sobne, Usmaanis Nabiyyii irratti hin sobne, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, garuu har'a waan na mudateetu na mudate, sababaa sanaan aarii keessa galee isa jechuu dagadhe.

[sirrii]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akka ibsanitti namni guyyaa hunda ganama barii booda, galgala halkan hundaa osoo aduun hin lixin yeroo sadii akkas jedhe: (Bismillaah) hunda waan na miidhu irraa maqaa Rabbiitin gargaarsaa fi tika barbaada, (kan hin miine) isa dubbachuu waliin (wanni tokkolleen) hanga fedhellee osoo guddatee (Dachii irratti) balaan isa irraa ol bahu (Samii irrattis) balaan gubbaa gadi bu'u, (Inni dhagahaa dha) jechoota keenya (beekaa dha) haalota keenna. Nama galgala isa jedhe hanga ganamaatti balaan tasaa isa hin mudatu, nama ganama isa jedhe immoo hanga galgalaatti balaan tasaa isa hin mudatu. Gabaasaa hadiisa kanaa Abaan bin Usmaan Falijiin isa qabee, faalijii jechuun inni qaama gara tokkoo kan nama irratti laamshessuudha, namichi hadiisicha isa irraa dhagahe gara Abaan dinqisiifatee ilaaluu eegale, Abaanis akkana jedheen: " Maalif na ilaalta?! Rabbitti kakadhe ani Usmaan irratti hin sobne, Usmaanis Nabiyyii irratti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- hin sobne, Garuu har'a waan Rabbiin akkan isa jedhu naaf murteesseen na mudate, Aariin natti dhufee jechoota eeraman kana jechuu dagadhe.

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY

لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC
E-Da'wah Committee